# Akkana jedheen: Yaa Ergamaa Rabbii haqni haadha manaa tokkoo keenyaa kan isa irratti qabdu maali? ni jedhan: «Yeroo ofii nyaattu ishee nyaachisuu, yoo ofii uffatte ishees uffisuu, fuula ishee dhahuu dhabuu, fokkattuu jechuu dhabuu fi mana keessatti malee isheen ooduu dhabuudha

Mu'aawiyaa al-Qushayrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Akkana jedheen: Yaa Ergamaa Rabbii haqni haadha manaa tokkoo keenyaa kan isa irratti qabdu maali? ni jedhan: «Yeroo ofii nyaattu ishee nyaachisuu, yoo ofii uffatte ishees uffisuu, fuula ishee dhahuu dhabuu, fokkattuu jechuu dhabuu fi mana keessatti malee isheen ooduu dhabuudha».

[hasani] [abuu daawud, ibnu maajah, ahmad odeessan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhamanii gaafataman: haqni haati manaa abbaa manaa ishee irraa qabdu maali? Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhimmoota hedduu kaasan, sana keessaa: Tokkoffaa: ishee dhiiftee ofii kee qofaaf hin nyaatin, yeroo nyaattu hunda ishee nyaachisu qabda. Lammaffaa: Yeroo uffata uffattu ofii kee qofaaf hin uffatin, yeroo ofii uffatte ishees uffisuu qabda, akkasumas yeroo argattee fi dandeesse. Sadaffaa: Sababaa fi barbaachisummaa malee hin rukutamtu, yeroo adaba qabsiisuuf ykn isheen waajiba dhiisuuf ishee rukutuu barbaade rukutiinsa ishee hin fokkifne ta'uu qaba, fuula keessa ishee rukutuu hin qabu; Sababni isaas fuulli kutaa qaamaa keessa isa guddaa fi mul’atu waan ta’eef jecha, akkasumas qaama kabajamaa fi lallaafaa of keessaa qaba waan ta'eef jecha. Afraffaa: Ishee hin arrabsin, ykn akkana hin jedhiniin: "Rabbiin fuula kee haa fokkisu", Fuula ishees ta'ee qaama ishee kamiyyuu fokkina faallaa bareedinaa ta'een kaasuu hin qabu; sababni isaas Rabbii ol ta'eetu isa uume waan ta'eef jecha, inni waan uume hunda bareechee uume, uumama arrabsuun uumaa arrabsuutti nama geessa Rabbiin irraa nu haa eegu. Shanaffaa: bakka hirriibatti malee isheen hin oodin, irraas gara hin galin, gara mana biraattis ishee hin gaggeessin, tarii gochi kun yeroo hiriyoonni gaa’elaa lamaan waliin oodan kan barame ta’uus danda'a.